

**XIINXALA HAALA DHIYYAANNAA SEERLUGA AFAAN
OROMOO, KITAABA BARNOOTAA AFAAN OROMOO
KUTAA 10^{FFAA}**

ASTEER WAAQGAARII JIRAATAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

YUUNIVARSIIITI FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

**XIINXALA HAALA DHIYYAANNAA SEERLUGA AFAAN
OROMOO, KITAABA BARNOOTAA AFAAN OROMOO
KUTAA 10^{FFAA}**

QORATTUUN: ASTEER WAAQAARII

GORSAAN: TAADESSA JAALATAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR- AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJIII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNE

Galata

Hundumaa dura waaqayyo isa na uume hojii kana akkan hojjedhuuf isa fayyaa naa laate guddiseen galateefadha. Akkasumas qorannoo kana jalqabaa kaasee karaa na qajeelchuudhan nuffii tokko malee kan nagargaaraa ture gorsaa koo kan ta' e Doktara Taadesse Jaalatta Guddiseen galateefadha. Akkasumas Maatii koo kan ta'an Abbaa koo waaqgaarii Jiraataafi Haadha koo Birahanee Taddassaa guddan gaatefaadha. Akkaa Gaargasatti kan Na Bukkee Dhabbatte Barata Yoosef Shimalish Guddiseen Galateefadha. Firoota koo keessa kan tatee maallaqan kan nabukkee dhabbatee kululee Ganaatti Na Gaalateefadha. sadarkaa kana akkan gahuuf jajjabina kan naaf godhan galanni koo daangaa hin qabu..

AXEREERA

Kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaannaa Seerluga kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kan bara 2005 maxxanfame xiinxaluu yoo ta'u, galma gahinsa kaayyichaatiif kitaabni barataa Sakata'amee jira. Daangaan qorannoo kanaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kan bara 2005(2012) maxxanfame kan yeroo wagga darbee hojiirra ture irratti. kitabilee adda addaa sakatta'udha Saxanni qorannichaa makaa ta'ee ibsaadha. Irraawwatamni qoranichaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} yoo ta'u, mala iddatteessuu miti carraan kitaaba barnootaa Afaan Oromoo filachuun seerluga kitaabicha keessatti argaman xiinxalee jira. Sababni malli iddatteessuu miti carraa filateef, odeeffannoo kaayyoo kana galmaan gahan argachuufi. Odeeffannoon itti dhimma bahame Madda ragaa tokkoffaadha. Kunis kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} yommuu ta'u, hiikaa fi xiinxalli ragaalee bifa gabateewwan garagaraa fayyadamuudhan xiinxalameera. Xiinxallii kanarratti hundaa'uudhaan argannoon bira gahamee haalli dhiyaannaa qabiyyee kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kallattiidhaan seerluga shaakalshiisuuf kan dhiyaatan dhibbeentaan qabiyyee kitaabichaa keessaa 61.11% fi gilgaalota 25 keessaa 5 ibsa fakkeenyaan deeggarama dhabuusaa qorannoo kanaan bira ga'ameera.

Baafata

Qabiyyee	fuula
Galata	2
AXEREERAA	II
Baafata	III
BOQONNAA TOKKO	
SEENSA	1
1.1, Seenduubee Qorannichaa	1
1.2, Ka'umsa Qorannichaa	2
1.3, Kaayyoo Qorannichaa	3
1.3.1, Kaayyoo Gooroo.....	3
1.3.2 Kaayyoo Gooree	3
1.4, Barbaachisummaa Qorannichaa	3
1.5, Daangaa Qorannichaa	4
1.6, Hanqina Qorannichaa.....	4
BOQONNAA LAMA	
SAKATTA'AA BARRULEE	5
2.1, Madaallii Kitaabaa	5
2.2, Qabxiilee dhiyaannaa Kitaaba Barnootaa kaassatti barbaachisan.....	6
2.1.1, Dhugummaa Qabaachuu (Validity).....	6
2.1.2, Walitti Fufinsa (Continuity).	6
2.1.3, Tartiiba (Sequences).	6
2.1.4 Walsimiinsa (Integration).	7
2.1.5, Hunda Galeessummaa Qabaachuu, (Comprehensiveness).....	7
2.1.6, Gocha adda addaa kan qabu (Difference action).....	7
2.1.7, Mijaaina Qabaachuu (Suitability).....	7
2.2, Maalummaa Seerlugaa	8
2.3, Iaalchawwan Maalummaa Seerlugaa Irratti Jiran	9
2.4, Barbaachisummaa Seerlugaa.....	9

2.5, Qabiyyee Seerlugaa.....	9
2.5.1, Xiinsaga (phonetic).....	9
2.5.2, Xiinjecha (Morphology).....	10
2.5.3, Xiinhima (syntax).....	10
2.5.4, Xiinhiika (samantics).....	11
2.6, Karaalee Seerlugni Ittiin Dhiyaatu.....	11
2.6.1, Karaa Kallattii (mul'ataa).....	11
2.6.2, Karaa Alkallattii.....	12
2.6.2.1, Bifa Haasawaan.....	12
2.6.2.2, Bifa Afoolaan dhiyeessuu.....	12
2.6.2.3, Murtaa'aarra gara dimshaashaatti.....	12
2.6.2.4, Dimshaasharraa gara murta'aatti.....	13
BOQONNAA SADI	
MALLEEN QORANNICHAA.....	14
3.1, Saxaxa Qorannichaa.....	14
3.2, Irrawwatama Qorannichaa.....	14
3.3, Madda Ragaalee.....	14
3.4, Mala Iddatteessuu.....	15
3.5, Meeshaa Funaansa Ragaalee.....	15
3.6, Mala Xiinxala Ragaalee.....	15
BOQONNAA AFUR	
XIINXALAA FI HIIKA RAGAALEE.....	16
4.1, Xiinxala Haala Dhiyaannaa Seerlugaa Qabiyyee Kitaabicha Keessatti.....	16
4.2, Xiinxala Haala Dhiyaannaa Seerlugaa Boqonnaalee Kitaabichaa Hunda Keessatti Hammatamuu fi Hammatamuu Dhiisuu.....	18
4.3, Xiinxala Haala dhiyaannaa Seerlugaa kitaabicha keessatti ibsaa fi fakkeenya waliin dhiyaachuu.....	20
BOQONNAA SHAN	
GOLABAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA.....	25
5.1, Goolaba.....	25

5.2, Argannoo.....	25
5.3, Yaada furmaataa.....	26
Wabilee	27
Dabalee..	28

BOQONNAA TOKKO

SEENSA

1.1, Seenduubee Qorannichaa

Xiinqooqni saayinsii afaanii ta'ee jechoota Afaan Oromoo lama xiinxalaa fi qooqa jedhamanirraa walitti madaksuun kan uumamedha. Waa'ee caasaa Seera afaanoota garaagaraa kan qoratudha. Maalummaa xiinqooqaa Mirreessaan (2014:1) yommuu ibsuu "Xiinqooqni saayinsii afaanii waa'ee maalummaa afaan hundaa walitti qabee kan qoratudha" jechuun ibsa. Kanaafuu afaan Oromoos afaanota jiran keessa tokko waan ta'eef qooqni afaanichaa qoratamun isaa waliigaltee afaanichaatiif bu'aa olaanaa qaba. Afaan meesha waliigaltee dhalli nama ittiin waliigaludha. Namoonnii hedduunis maalummaa meeshaa kanaa fi tajaajila isaa osoo haalan hin beekiin itti fayyadamu. Afaan tokkoon dhageefachuu fi dubbachu jechuunis afaan sanaan dandeetti dubbachuu fi dhageefachuu qabaachuu jechuu miti. Sababni isaayyuu dhaamsa yookan ergaa afaan sanaan darbu guutummaa guututti beekuudha. Afaanimmoos gosa barnoota hundaaf lafee dugdaati. Kanaafuu kitaabni barnoonni afaani ittiin kennamuuf qophaa'u of eeggannoo fi xiyyeeffannoo olaanaadhaan ta'uu qaba. Kaayyoon barumsa afaani inni guddaan dandeettiiwwan afaanii kanneen ta'an; Dhageefachuu Dubbachuu, Dubbisuu, Barreessuu akkasumas jechoota Seerlugaa fi ogbarruu gabbisuudha.

Gosa barnootaa kamiyyuu barsiisuufis ta'ee barachuuf kaayyoo murtaa'aan fedhii fi barbaachisummaa qabiyyeen barnoota sun hawaasa tokko biratti qabu irratt hundaa'uun barbaachisaadha. Kaayyoon barbaadame haala salphaa ta'een akka galma gahuuf sirni barnootaa, siilabasii, qajeelcha barsiisaa, kitaaba barataa fi waan kana fakkaatan of eeggannoo guddaadhan qopheessun barbaachisaadha. keessumattuu" kitaabni barataa yeroo qophaa'u xiyyeeffannaa guddaan itti kennamee haala fedhii fi bilchina sammuu akkasumas aadaa hawaasaa kan giddugaleeffate fi bifa barattoota hawwatuun ,hirmaannaa ofiin of barsiisuu isaanii gabbisuun dhiyaachuu qaba" jedhu. (Mitikuu fi Tashoomaa 1992:9-10).

Kitaabni barataas yeroo qophaa'u kan barsiisaan waan hunda ofiif dalaguu osoo hin taane barattootaaf haala mijeessee tattaaffii isaanii cimsuudhan gaaffilee kitaabicha keessatti argaman hojjechuu akka danda'an kan taasisuudha. Karaa biraatin immoo barnoota afaanii keessattis

ta'ee jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti waligaltee iftoomina qabuu fi salphaatti hubatamuu danda'uu dandeetti seerlugaa afaan sanaa qabaachuun murteessaa akka ta'ee hayyoonni xinqooqaa daangeessanii dubbatu.Kanneen keessa akka Mitikkuu fi Tashoomaa (1992)akka ibsanitti Afaan tokkoof seerluga dhiheessuun namni afaanicha hin beekne seerluga afaanichaa irratti hundaa'uudhaan afaanicha salphaatti akka baratu gargaara.Akkasumas waliigaltee gaarii uumuuf seerluga barachuun murteessaa akka ta'e dubbatu.Kanaafuu akkaataa kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti seerlugni itti dhiyaate sakata'uun ciminni jiru akka itti fufu Hanqinni mul'ate akka fooyya'u xiinxalameera.

1.2, Ka'umsa Qorannichaa

Barnoota afaani keessatti seerlugni gahee guddaa qaba.Namoonni jiruuf jireenya guyyaa guyyaa keessatti bifa adda addaatiin waliigaluu danda'annillee irra caalaa sirriitti haasa'anii yaada isaani Kan walhubachisan, walamansiisan erga sirrii kan waliif dabarsanii fi walirra kan fudhatan yoo seerluga afaanicha haalaan beekanidha.Seerluga afaanichaa haalaan hinbeekne taanan yaada barbaachisa ta'e fi yaada hubatamaa ta'e waliif dabarsuu hindanda'an. Gama biraanis barattoonni seerluuga afaanichaa irratti hundaa'ani oddeefannoo barreefaman aadaa,seena, duudhaa, safuu fi falaasama hawaasa sanaa irratti hundaa'uun murteessadha. Seerluga afaanichaa sirritti beekuuf ammo kitaaba barattoota keessatti gilgaalotnii fi shaakalootni gahaan gama seerlugaan kennamuun barbaachisadha.

Qorannoo kana akka hojjeetuuf wanti qorattuu kana kakaase,qoratuun kun barataa waan taateef barnoota ishee yeroo barattutti akkasumas hiriyyoota ishee waliin yeroo dubbisaa turtetti, muudannoo ishee muudatteraa kaasteeti.Muudannoon kunis seerlugni kitaaba barataa keessatti osoo ibsaa fi fakkeenyaan hin kennamiin bifa gaaffiitiin qofa gilgaala keessatti dhiyaate jira.Kun immoo barataa burjaajjessaa male barataadha ifa hin ta'u.Kanaafuu qorattuun kun Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} haala dhiyaannaa seerlugaa irratti yoon hojjedhee hanqinni gama dhiyaannaa seerlugaan jiru fooyya'uu danda'a yaada jedhurraa ka'eeti.Qorattuun kunis yaaduma kanaa olii bu'uura taasifachuun gaaffiiwwan armaan gadii kana qorannoo kanaan deebisuuf yaaleera.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessaatti haalli dhiyaannaa Seerlugaa qabiyyee kitaabichaa keessatti maal fakkaata.?

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti haalli dhiyaannaa seerlugaa Boqonnaa hunda hammateera.?

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessattii ibsii fakkeenyaan deegarame gama seerlugaan dursa osoo gaaffiitti yookaan gilgaalatti hin seenin gadi fageenyan kannameera.?

1.3, Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo raawwachuuf yaade qaba. Kaayyoon kunis kaayyoo gooroo fi gooree jechuun bakka lamatti qodama.

1.3.1, Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala dhiyaannaa seerluga Afaan Oromoo kitaaba barnoota kutaa 10^{ffaa} xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti haalli dhiyaannaa seerlugaa qabiyyee kitaabichaa keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluudha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti haalli dhiyaannaa seerlugaa boqonnaa hunda hammachuu fi haammachuu dhiisuusa addaan baasuun xiinxaluudha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessatti seerlugni ibsaa fi fakkeenya gaahan kennamuu fi kennamuu dhiisuusaa addaan baasuun xiinxaluudha.

1.4, Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisumman qorannoo kana qaamolee garagaraatiif bu'aa qaba jedheen amana. Qopheessitoota sirna barnoota kitaaba barnootaa qopheessu keessatti gahee qaban ni fayyada, qopheessitoota Sirna barnoota seerluga Afaan Oromoo dhiyeessuu irratti ciminaa fi hanqina qaban adda baasanii fooyyefachuuf ni fayyada. Dabalataanis Namoota gara fulduraatti

qorannoo mata duree Kanan walqabaturratti qorannoo hojjataniif akka madda oddeeffannootti gargaaruu danda'a.

1.5, Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kitaabilee barnoota afaan Oromoo sadarkaa garaagaraatti ittiin barsiifamaa jiranii fi irraa baratamaa jiran hunda irratti osoo gaggeeffamee bu'aa olaanaa argamsiisa. Haata'u malee qorannoon kun kan irratti daangeffamee gaggeeffamee Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 10^{ffaa} bara 2005(2012) maxxanfame haala dhiyaannaa seerlugaa xiinxaluurratti kan daangefamedha.

1.6, Hanqina Qorannichaa

Yommuu qorannoon kun gaggeefamuu qorattuun hanqinnooni garagaraa mudataniru. Kanneen keessaa hanqina yerooti. Qorattuun kun barattu waan ta'eef barnoota osoo barattu qorannoo kana gaggeessite waan taateef sababa dareerra hafuu hin dandeenyeef kitaabilee garagaraa sakkatta'uuf hanqinni yeroo muudatera. Haata'u malee yeroo boqonnaa kootti fayyadamuudhan hanqinni yeroo kana hamma tokko furuuf yaaleera. Dabalataanis hanqinni Maallaqaa muudatera. Qorannoon tokko yommuu gaggeefamu Maallaqni qorannoo sanaaf gahaa ta'e jiraachuu qaba. Haata'u malee gargaarsa maatiin koo godhaniin hamma tokko hanqinni maallaqaa furameera. Akkasumas kitaabileen Seerluga barsiisuuf qophaa'an gahaan afaan oromootiin jiraachuu dhabamuudha.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'AA BARRULEE

Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa seerlugaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} ittiin dhiyaate sakatta'uun xiinxaludha. Mata duree kana gabbisuuf wabii garagaraa sakatta'uun yaadni hayyootaa muraasni akka kanaa gadiitti qoratameera.

2.1, Madaallii Kitaabaa

Madaallii jechuun wanta tokko xiinxaluun maal akka ta'e maal akka fakkaatu gaariidhamoo yaraadha akkasumas qaama dhiyaate sanaaf hammama fudhatamaa akka ta'ee ibsuudha. Kitaaba tokko wanti madaallamuuf ciminaalee fi hanqinaalee isaa beekuuf hanqinni inni qabu akka fooyya'uuf hojii hojjetamudha. Kanaafuu hanqinaalee inni qabu adda baasuun ulaagaa madaallii baasuun achi keessatti kitaabicha ilaaluudha. Haaluma kanaan madaalli kitaabaaf dhimmoota murteessoo ta'an irratti Addisuun (2012) maley (2003) wabeeffachuun akka kanaa gadiitti dhiyeessa.

Qabiyyeewwan Dandeettii afaanii dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuu fi barreessuu, akkasumas dandeetti seerlugaa fi Og barruu gabbisan kitaabicha keessatti walmadaalanii jiraachuu.

Qabiyyeewwan adda addaa boqonnaa, gilgaalotaa fi shaakalootni akkammitti akka wal hidhatanii deeman.

Dhugummaa kitaabichaa barattoota afaan barsiisuu irratti yaada dhugaa ta'ee qabatee jiraachuu.

Qabiyyeen kitaabichaa kan barattoota hawatuu fi hojii sadarkaa barattootaa kan eegee dhiyaate ta'uu fi waan kana fakkaatan lafa kaa'a.

Kanaafuu kitaabni afaaniis ta'ee kanneen biroo yeroo madaalamu ulaagaa guutuu qabu akka waliigalaatti jiraachuun barbaachisaadha. Qorattun yaaduma armaan olii kana bu'uura godhachuun kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessatti haala dhihaannaa seerlugaa xiinxalera.

2.2, Qabxiilee dhiyaannaa Kitaaba Barnootaa kaassatti barbaachisan

Kaayyoo barnootaa galmaan ga'uuf wantoota murteessoo ta'an keessaa inni ijoo fi dursi kennamuufii qabu kitaaba barnootaati. Kanaafuu akkaataan kitaabni barnootaa itti qophaa'uu fi haalli qabiyyeen barnootaa kitaabicha keessatti dhiyaatu mijaa'ina kan qabu yoo ta'e, ga'een inni galma ga'insa kaayyoo barnootaatiif qabu daran olaanaadha. Kanaafuu akkaataa kitaaba barnootaa itti qophaa'u qabxiileen barbaachisoo ta'an muraasni akka kanaa gadiitti dhiyaataniru.

2.1.1, Dhugummaa Qabaachuu (Validity).

Kitaabni barnootaa yeroo qophaa'u haala bu'aa qabatamaa hawaasichaaf argamsiisuu danda'uun ta'uu qaba. Yaada kana Wudu Malasa fi Tefera Tadesa (2006:160). yommuu ibsanii "Validity of content and experience is closely connected with the desired educational goals". jechaa kanarra wanti hubatamu Kaayyoon barnootaa qabatamaadhaan yaada dhugaa ta'e waliin kan walitti hidhate ta'uu qaba yaada jedhu nama hubachisa.

2.1.2, Walitti Fufinsa (Continuity).

Walitti fufinsi Kitaaba barnootaa tokko keessatti qabiyyeen barnootaa argamu inni duraa isa itti aanee dhiyaatuuf akkaataa bu'uura ta'uu danda'uun kan dhiyaatee fi yeroo murtaa'aa keessatti yaadachuudhaan kan baratan yaada fooyya'aa ykn dandeettii barbaadame qabaachuuf akka barata gonfachiisuu danda'utti haala itti dhiyaatudha. Yaanni kanatti aanee jiru kunis kanuma kan mirkaneessudha. "Continuity deal with single subject matter learning experiences which are regreated at a given interval to achieve better retention of some kind of skill or concepts" (Wudu and Tefera 2006:174)

2.1.3, Tartiiba (Sequences).

Tartiiba jechuun haala duraa duuba sirrii ta'een qabiyyee salphaadhaa gara qabiyyee cimaatti yaada dimshaasharraa gara yaada murtaa'aatti akkasumas qabiyyee barnootaa boqonnaa gara boqqonnaatti bifa barattoonni haala salphaa ta'een beekumsa itti horataniin Kitaabni kan itti qophaa'udha. Akkasumas qabiyyeen barnootaa cimina sammuu barataa irratti hundaa'ee tartiibefamuu fi duraa duubaan kaa'amuu akka qabudha.

2.1.4 Walsimiinsa (Integration).

Kitaabni barnootaa yommuu qophaa'u qabiyyeen kitaabicha walsimatee dhiyaachuu qaba.yaada walsiminsaa kana Wudu.M and Tefera T. (2006:181).”*Integration is implies coherence unity , inter relatedness and connectedness.it emphasize the experiences to be acquired from various areas in a classroom have to be arranged in such a way that unities among the various areas are maintained*”.Yaada kanaa olii kanarraa kan hubatamuu, walsiminsa yeroo jedhamuu qabiyyeen kitaabichaa walqabatinsa,akkasumas tokkummaa qabiyyeen barnootaa kitaaba keessatti ittiin qindeefamu walsimataa ta’uu qaba.

2.1.5, Hunda Galeessummaa Qabaachuu, (Comprehensiveness)

Kitaabni barnootaa tokko yeroo dhiyaatu yookan qophaa'u hundagaleessa ta’ee qophaa'uu qaba.Kana jechuun qabiyyeen barnootaa tokko kitaaba sana keessatti kaayyoo barnootaa galmaan gahuuf dhiyaate barattootaan kan hojiitti hiikamuu danda'u ta'uu qaba.Kanaafuu loqodoota fi loogota jiran kan giddugaleefatee ta'uu qaba.

2.1.6, Gocha adda addaa kan qabu (Difference action)

Kitaabni barnootaa kan qophaa’uu barattoota ittiin barsiisuuf akka ta’ee bekamaadha.Barattoonni immoo dandeettii fi ga’umsa adda addaa qabu.Muuxannoo tokko fudhachuufis tooftaan barattoonni itti gargaaraman adda adda.Kanaafuu qabiyyeen kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatus haala fedhii barattoota guutuun fakkeenya garagaraan deegaramee gocha garagaraa kan akka chaartiiwwani, fi gabatee garagaraan kaayyoo barattoonni qaban dhugoomsuu danda’uu qaba.

2.1.7, Mijaaina Qabaachuu (Suitability).

Kitaabni barnootaa yommuu dhiyaatuu haala barattoota giddugaleessa godhatee dhiyaachuu qaba.Kana jechuun sadarkaan hubannoo barattoota hangam akka qophaa’ina qabudha.Hojiin baruu fi barsiisuu milkaa’uu kan danda’uu yoo barattoonni qaamaa fi sammuuudhan qophaa’anidha.Wudu and Tefera (2006:161) “Experiences must not be so difficult that the child cannot achieve a medium of success and they must not be so easy that no effort is needed”.Qabiyyeen kitaaba barnootaas cimina qaamaa fi sammuu barattootaatin kan walmadaalu ta’uu qaba garmalee cimaas garmalee salphaa ta’uu hin qabu.

Walumaagalatti qabxiileen qophii (dhiyaannaa)kitaaba barnootaatiif barbaachisan kan armaan olitti ibsaman kana qofa jechuu miti.Qabxiileen armaan olitti ibsaman kun akka ka'umsaa

2.2, Maalummaa Seerlugaa

Amala afaanii keessaa tokko seeran buluudha.Seeronni kunis akkuma afaanonni gargar ta'an seerichis garaagara.Afaan seera hin qabne akka hin jirree, seerri afaan tokko itti bulu immoo seerluga afaanichaa jedhama.Hiika Seerlugaa hamma tokko baruuf jecha afaan ingiliffaa 'Grammar' jedhu ilaaluun gaariidha.Addunyaan(2010:15) “caasluga” jedhee hiika.Beekamaan(2004:4) immoo seerluga jedhee hiika.Hinseene Makuriyaa(2007:393) immoo Seerlugaa fi Caasluga lachuu tokkuma jechuun hiika.Akka yaada hayyoota kanarraa hubatamutti Seerlugaa fi Caaslugni garaagarummaa waan qabu miti.Yaaduma kanarratti hundaa'uun hiika Seerlugaa hayyoonni Kennan muraasa ibsuun barbaachisaadha.Maalummaa seerluga akka hayyoonni House C.and Harmen(1995:11)ibsanittii,

“Grammar is the study of words and their function, in its wider sence it may include phonology (pronunciation) morphology (inflectional forms) sayntax(the relation of words to other words in phrases,clauses and sentences)and semantics(meanings of words), in it narrower since it may deal only with froms and with the uses of words”jedhu.

Yaada kanaa olii kanarra seerlugni dhaamsaga sagalessuu, xinjech,unkaalee himootaa akkasumas walitti dhufeenya jechootaa,gaalee,ciroo fi hima keessatti qabanii fi xiinhiika jechoota kan of keessatti haammatudha.Akkasumas hayyuun biraa tokko Filee jaalataa (2015:18) akkas jechuun ibsa “Seerlugaa jechuun jecha lama irraa kan walitti xishame ta'ee seera fi luuga akka ta'ee hiikni isaa waa'ee afaan tokko sagaleerraa eegalee hanga hiikatti gadi fageenyaan kan qoratu kallattii xinqooqaati.”Jedha. Yaada kanarraa wanti hubannuu seerlugni jechoota lama seeraa fi luuga jedhamanirraa Kan uumame ta'ee seera afaan tokkoo kan qoratu ta'uu nama hubachiisa.Seerluga afaanii jechuun karaa /haala jechoonni walitti dhufani akkasumas walfana hiriranii ciroo fi hima hiikaa qabeessa ta'e kennanidha.Gabaabumatti yaadolee hayyoota armaan olii kanarraa kan hubatamuu: seerlugni seera caasa afaanii ta'ee irraa hubatama.

2.3, Ilaalchawwan Maalummaa Seerlugaa Irratti Jiran

Maalummaa seerlugaa irratti ilaalchaawwan lamatu jira isaanis ilaalcha warra durii fi ilaalcha warra birooti. Akka ilaalcha warra duriitti Seerluga jechuun seera jechoonni hima keessatti unkaa fi walduraa duuba sirrii ta'e kan qabanidha. Haa ta'u malee seerri kun yeroo hunda hojjechuu dhiisuu danda'a. Akka ilaalcha warra birootti seerluga jechuun karaa ittiin ergaa sirrii ta'e walquunamtii kam keessattu amma danda'ametti walitti qindeesinu jechuudha. Ilaalchi kun kan inni nama gargaaru akkaataa itti jechoonni haala murtaa'aa ta'een walitti qindaa'an qofa Osoo hin taane karaa filatamaa itti walitti qindaa'anis nama hubachiisa (Tashooma, 1998:218)

2.4, Barbaachisummaa Seerlugaa

Barbaachisummaan barnoota seerlugaa inni guddaan walii galtee iftoomina qabuu fi sirnaan qindaa'ee barruudhaanis ta'ee af-dubbiidhaan uumuudha. Barattoonnis bifa salphaa ta'een waliigaltee uumuu keessatti bal'inaan shaakalanii karaa bu'aa qabeessa ta'een hojjiitti akka hiikaniif barbaachisa. Barbaachisummaa seerlugaa akka wasanee Bashaa (2000:14) tti akkas jechuun ibsa "seerlugini Afaan akka dagaagaa deemu seeraan bulcha, akkaataa afaanichi itti barreefamuu, jechoonni ittiin ijaaraman ibsuuf gargaara" jedha. Yaada kanarraa seerlugini akkaataa afaan tokko itti barreefamuu seeraan qindaa'ee dagaagina afaan tokkoo kan too'atu ta'uusaati.

2.5, Qabiyyee Seerlugaa

Haallii fi tooftaan barnoota Afaanii itti dhiyaatu garaagarummaa qabaatuyyuu seerlugini waan hedduu of keessatti qabata. Kanneen keessaa muraasa kan ta'an; xiinsaga, xinjecha, xiinhima fi xiinhiika.

2.5.1, Xiinsaga (phonetic)

Sagaleeleen dubbii afaan tokko keessatti tajaajilaan yeroo tokko tokko kanniin afaan biroo keessatti argamaniin walfakkaachuu ni danda'uu yeroo tokko tokkommoo garaagarummaa qabaachuu ni malu. Saayinsiin waa'ee sagaleelee kanneenii qoratu xiinsaga jedhamaa (Tashoomaa Balaayinaa. 2005:)

Hiika Xiinsagaa yommuu keenuf hayyoonni garagaraa yeroo adda addaatti hiika kennu.kanneen keessa Addunyaa Barkeessaa (2010:3) akkas jechuun ibsa “*xinsagni jechoota xiinxalaa fi sagalee jedhanirraa jecha uumame ta'ee saayinsii Afaanii Sagalee dubbii dhala namaa Sagaleewwan biroorra addaan baasuun kan qoratudha*” jedha.Dabalatanis Catford (1988:1) yommuu ibsuu “*phonetics is the scientific study of human speech sounds*”. yaada kana lamaan irraa xinsagni saayinsii dubbii afaanota Marra qoratu ta'uu isaa hubanna.fuuluma kanarrattii Addunyaan “kan afaan tokko qoratummo xiimsaga jadhama” jechuun ibsa.Xiinsagni waa'ee birsaga, dhaamsaga ,firsagaa,akkasumas kan of jalattii hammata

2.5.2, Xiinjecha (Morphology)

Xiinjechi Saayinsii afaanii maalummaa jechootaa gadi fageenyaan kan xiinaludha.Hiika xinjechaa akka Beekamaan (2004:4) ibsutii “xiinjechi saayinsii afaanii akkaata jechoonni afaan saba tokko qindaa'a kan qoratudha.” jedha.Dabalataanis waa'ee xiinjechaa Addunyaa Barkeessaa(2010:102)yommuu Ibsu“xiinjechi saayinsii keessoo jechaa balballoomsudha ” jechuun ibsaa.Akkasumas Tashooma (2005:121) “Xiinjechi akkaataa ijaarsaa fi unkaa jechoota afaan tokkoo haala saayinsaawwaa ta'een kan qoratudha haala kanaanis jechoota afaan tokko keessatti argaman qo'achuudhan garee adda addaa keessatti ni qooda dabalataanis latiilee afaan tokko keessatti argaman ni xiinxala.” yaada kanarraa wanti hubannuu xiinjechi saayinsii afaanii ta'ee waa'ee jechaa kan qoratu ta'uusaati.xinjechii kanneen akka dhaamjecha,firjecha, jechaa, fi waan kana fakkaan of jalatti hammata.

2.5.3, Xiinhima (syntax)

Maalummaa xiinhimaa Addunyaa Barkeessaa (2010) yommuu ibsuu, xinhima jechuun damee gooree xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee akkaataa ittiin jechoonni walfilatani caasaa isaaniirra guddaa kanneen akka gaalee, ciroo ijaarratan saayinsii qoratudha jechuun ibsa. Tashoomaa Balaayinaa (1997/2005:121) ”Caasaa himoota afaan tokkoo xiinxaluudhaan Seera himoonni afaan tokko keessatti itti qindaahan, akkaataa himni salphaa fi himni walxaxaan afaan tokko itti qindaahamu ni xiinxala”.yaada kanarra wanti hubannuu akkaataa jechoonni walfaana ijaaramani gaalee ,ciroo fi wkf saayinsiin qoratu xiinhima ta'uusati.Xinhimni kanneen akka caasaa himaa ,gaalee , ciroo fi waan kana fakkaatu kan of jalatti haammachuun kan qoratudha.

2.5.4, Xiinhiika (samantics)

Xinhiikni jechoota xiinxalaa fi hiika jedhamanirraa walitti suphuun kan Uumamedha.Saayinsii waa'ee hiikaawwan jechootaa fi himootaa gadifageenyaan kan qoratudha Mirreessaan(2014:3) waa'ee xiinhiikaa yommuu ibsuu, “xiinhiika jechuun damee xiinqooqaa ta'ee ijaarsa jechaa keessatti maalummaa hiika jecha afaan tokkoo kan qoratudha” jechuun Ibsa.Tashooma Balayinaa Afaan tokko keessatti hiikni adda adda jecha tokkoon yookaan gaalee tokkoo yookaan hima tokkoon dabraa jiru jiraachuu isaa no qo'ata,hiikni sirriin hima afaan tokkootiin dabru maal akka fakkaatu ni xiinxala.Kunis Seerra afaanichaa eegee haa ijaaramu males,himni hiika sirrii hin qabaanne tokko adda baaseet qo'ata” jechuun ibsaa.

2.6, Karaalee Seerlugni Ittiin Dhiyaatu

Seerluga karaalee fi tooftaa garaagaraa fayyadamuun kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun in danda'ama jedhu hayyoonni afaani.Kanneen keessaa Harmer (1987),Seerluga karaalee kallattii fi alkallattiidhaan kitaaba barataa keessatti qopheessanii dhiyeessu in danda'amaa.Dabalataanis hayyoonni biroo immoo seerluga karaa Didaaktivii fi Indaaktiiviitiin dhiyaachuu akka danda'u ni eeru.Gabaabumatti seerlugni karaalee garaagaraa dhiyaachuu akka danda'uu hubachuun barbaachisadha.

2.6.1, Karaa Kallattii (mul'ataa)

Karaa kallattiin seerlugaa kitaaba keessatti dhiyeessuu jechuun karaa ifa ta'een seerlugaa kitaaba barataa keessatti dhiyeessuu fi qajeelfama isaa irratti hundaa'uun akka dhiyaatu. jechuudha. Harmer (1987) Karaa kallattii ta'een seerlugaa kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun mata duree qopheesse sana erga ibsee booda fakkeenya kenname irratti hundaa'uun akka shaakalan gochudha.Fakkeenyaaf kitaabni waa'ee himaa dhiyeessa yoo ta'e dura maalummaa himaa ibsa.Itti aansee fakkeenya waa'ee maalummaa hima kenna.Haaluma kanaan kitaabni barataas bifa kana hordofanii dhiyeessuun gaaridha.Akka yaada hayyuu kanaatti Seera seerlugaa kanneen akka hennaa, ramaddii, koorniyaa,garee jechootaa, barattootaaf ibsanii kitaaba keessatti dhiyaatu gaarummaa qaba.

2.6.2, Karaa Alkallattii

Akka Harmer (1987) Karaa alkallatti ta'een seerlugaa barsiisuun akkaataa barattoonni haala dhokataa ta'een fayyadama Seera Afaani akka hubatan gochuudha. Seerlugni karaa Alkallattiin kitaaba barataa keessatti bifa haasawaan, bifa afoola adda addaan, murtaa'arra gara dimshaashatti, Dimshaasharra gara murta'aatti kan dhiyaatudha.

2.6.2.1, Bifa Haasawaan

Karaa alkallattii keessaa tokko bifa haasawaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo ittiin dhiyaachuu qabu. Akka hayyuun yaada kana ibsutti, barattoonni daree keessatti waliin mari'achuun ykn haasaa gochuu keessa seerluga yoo dhiyeessaniif gaaridha jedha. yaada kanarratti seerlugaa qofa osoo hin taanee dandeettii afaanii akka guddifataniif ni gargaara. Akkasumas muuxannoo fi beekumsa duraan qaban akka waljijjiran godha.

2.6.2.2, Bifa Afoolaan dhiyeessuu

Kitaaba barataa keessatti seerlugni yommuu dhiyaatu Afoola adda addaa kan akka baacoo, tapha adda addaan, oduu durii fakkeenyaaf waa'ee ibsa maqaa dhiyeessuuf, sheekoo kan akka obboleewwan sadii jedhu Bifa ijoollee sana ibsuun ni danda'ama. Kunis adeemsa keessa seerlugaa akka isaan hubataniif gargaara. yaada kanarratti hayyoonni akka jedhanitti Afoolli barnoota keessatti hammatamuun guddina afaanichaaf shoora olaanaa akka qabuu fi barnootichas jaalatama taasisa (Birunfit, C.J. fi R.A Corter, 1986:17). Yaadni kun kan ibsu Afoola garaagaraa fayyadamuun seerluga kitaaba barnootaa keessatti dhiyeessuun barnoota Afaanii keessatti bakka olaana qabaachuu isaa ibsa.

2.6.2.3, Murtaa'arra gara dimshaashaatti

Seerlugni kitaaba barataa Afaan Oromoo keessatti dhiyaatu inni biroo murta'aati gara dimshaashaatti yemmuu ta'u kunis kitaabichi waan barachaa jiran ofii isaaniin akka bira ga'an gochuuf gaaffilee adda addaa yaadolee murtaa'aa ta'an gaafachuun kan eegaluudha. As keessatti dura fakkeenyaatu dhiyaata. fakkeenya kenname irratti hunda'uun barattoonni seera waliigalaa Afaanicha dura ni baratu (Freman 2000).

2.6.2.4, Dimshaasharraa gara murta'aatti

Karaa seerlugni Kitaaba barataa keessatti dhiyaatu keessa tokko yemmu ta'u, adeemsi tooftichaa fakkeenya kenneefii booda fakkeenya kenname irratti hunda'uun shaakalshiiisuuf kan gargaarudha. Kana irratti hunda'uun barattoonnis gosa seerlugaa akka himoota keessa baasan shaakala kennuudha.

Gabaabumatti yaadolee hayyoota armaan olii irraa seerluga barnoota Afaanii keessatti dhiyeessuun guddina Afaanichaaf barbaachisaa akka ta'e hubatama. kanaafuu seerluga barnoota afaanii keessatti seeraan qindeessanii kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun barbaachisadha

BOQONNAA SADII

MALLEEN QORANNICHA

Boqonnaa kana jalatti qabxilee saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa madda ragaa qorannichaa malla lddoottofi iddatteessuu fi Ibsa ragaaleetu, dhiyaate.

3.1, Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannichaa waliigala malleen qorannichaa to'ata. Maalummaa saxaxa qorannoo akka Addunyaan (2012:63) "Saxanni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Qorannichi maal fakkaata maalirratti bu'uure? Gaaffiiwwan jedhan mata duree kana jalatti deebii argachuu qaba" jechuun ibsa. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun gosa qorannoo makaa ta'ee mala ibsaatti fayyadameera. Sababni kana fayyadameef malli ragaan itti funaanamee fi xiinxalamee gosa qorannoo hammamtaa fi akkamtaa waan giddugaleefateef gosa qorannoo makaa ta'e. Kun qorattu yeroo qorannoo kana gaggeessistu malleen qorattuu fayyadamee akka kanaa gadiitti kan dhiyaatedha.

3.2, Irrawwatama Qorannichaa

Irrawwatamni qorannoo qaama wanta qorannoon tokko irratti gaggeffamuu yoo ta'u, qorannoon kunis xiinxala haala dhiyaannaa seerluga kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti argamanirratti waan gaggeeffameef irraawwatamni qorannichaa kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kan bara 2005 maxxanfame kan yeroo bara darbee hojiirra tureedha.

3.3, Madda Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan gahuuf qorattuun kun itti gargaaramte odeeffannoo madda ragaa tokkoffaadha. Adeemsa kana raawwachuuf kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} gadi fageenyaan dubbisuun Akkasumas, sakatta'a barruu garaagaraa mata duree kana waliin wal fakkaatan sakatta'uun kan xiinxalamedha.

3.4, Mala Iddatteessuu

Madda odeeffannoo filachuuf qorattuun mala miti carraa keessaa iddatteessuu kaayyeffataa. Sababni kana filateef hanqina yookaan rakkoo gama seerlugaatiin jiru xiinxaluudhaaf Odeeffannoo gahaa fi barbaachisaa ta'e argachuuf qorattuun kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} gadi fageenyan dubbisuun xiinxalera.

3.5, Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti qorattuun kan ragaalee ittiin funaannate mala Sakatta'a barruuleeti. Sababnisaas kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} sirriitti dubbisuu fi sakatta'uun seerluga kitaaba kana keessatti argaman xiinxalera.

3.6, Mala Xiinxala Ragaalee

Malli xiinxala ragaalee qorattu qorannoo kanaaf dhimma itti baftee gaaffilee ka'umsa qorannoo jalatti caqafaman bu'uura godhachuun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kuta 10^{ffaa} kan xiinxaltesha. Qorannoon kun kan geggeeffame haalli dhiyaannaa seerluga kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffa} maal akka fakkaatu, akkasumas qabiyyee kitaabichaa keessaatti seerlugni dhibbeentaa hammamii akka ta'ee, kitaaba kana keessatti haalli dhiyaannaa seerlugaa boqonnaalee hunda haammachuu fi haammachuu dhiisuu akkasumas seerlugni kitaaba kana keessatti dhiyaatan akka karaa salphaadhaan barataadha galuuf ibsii gahaan fakkeenyaan deegarame kennamuu fi kennamuu dhiisuusaa bifa gabateewwan garaagaraatin dhiyeessuun xiinxaleera. Kanaafu xiinxallii taasifameen argannoo argame irratti hundaa'uun yaadni furmaataa kaa'amera.

BOQONNAA AFUR

XIINXALAA FI HIIKA RAGAALEE

Akkuma boqonnaale darban keessatti hubachuun danda'amutti kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon haala dhiyaannaa seerluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti argaman xiinxaluudha. Kanaafuu ragaaleen kitaabicha keessaa funaanamanii argaman akka kanaa gadiitti xiinxalamaniiru

4.1, Xiinxala Haala Dhiyaannaa Seerluga Qabiyyee Kitaabicha Keessatti

Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} bara 2005 (2012) Ministeera Barnootaatiin Maxxanfame. Kitaabni kun fuula 174 kan qabuu fi boqonnaa 18 kan qabu yoo ta'uu boqonnaalee kana jalatti barannoolee adda addaa 58 qaba. Barannooleen kunis kan dhiyaatan matadurewan kitaaba kana keessatti akka ijoottii baratamuu qaban jedhamani akka bu'uuraatti kaayyefataman Dandeettiiwwan afaanii fi kanneen biroo barsiisuuf kan dhiyaatanidha. Barannoo kana jalatti dubbisoota mataduree adda adda of keessaa qaba. dubbisoota kana jalatti gilgaalota dandeettiiwwan garagaraa kana cimsuuf qophaa'an 127tu argamu. Dandeettiiwwan barannoolee kana jalatti dhiyaatanis Dandeettii Dhaggeefachuu ,Dandeetti Dubbachuu, Dandeetti Dubbisuu, Dandeettii Barreessuu, Dandeetti Seerluga, Dandeetti hiika Jechootaa, Dandeetti Ogbarruu fi waan kana fakkaatan qabaachuun kitaaba barnoota afaan Oromo kutaa 10^{ffaa} Kana keessatti hubatameera. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa haala dhiheenya seerlugaati. Kaayyoo kaa'ame kana irratti hundaa'uun haalli dhiyannaa seerluga qabiyyee kitaabicha keessatti maal akka fakkaatu gabatee A kanaa gadii keessatti ibsameera

Gabatee A

Boqonnaa	Baayina,baran noowwani	Baayina gilgaaala	Dandeettiwwan afaanii gurguddoo				Seerluga barsiisuuf	Ogbarruuf barsiisuuf	Hiika jechoota barsiisuuf
			Dhaggeeffachuu	Dubbachuu	barreessuu	Dubbisuu.			
1	4	11	2	2	1	2	3		1
2	5	12	2	3		2	4		1
3	3	7		1		2	3	1	
4	4	8		1	1	2	3	1	
5	3	6		1	1	2	2		
6	4	7		1		2	2	2	
7	3	6		1	2	2	1		
8	3	7		1	2	2	1	1	
9	3	9	2	2		2	3		
10	3	7		1	1	2	1	1	1
11	3	6		1		2	2	1	
12	4	6		2	1	2			1
13	4	6		1	1	2		1	1
14	4	11		2	1	5		3	
15	2	6		1		2		3	
16	3	5		1		2		2	
17	2	4			1	2			1
18	1	3		1		2			
Ida'ama	58	127	6	23	12	39	25	16	6
dhibbentaan	100%	100%	4.7%	18.1%	9.4%	30.7%	19.7%	12.6%	4.7%

Akkuma armaan oliitti gabatee A kana keessatti ibsametti ragaaleen ibsaman kun kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessaa kan argamanidha. Ragaaleen ibsaman kunis waliigala qabiyyee kitaabichaati. Kitaabichi Boqonnaa 18 boqonnaa kana jalatti barannoo 58 barannoo kana jalatti ammoo gilgaalonni 127 akkaataa qabiyyee dandeetti afaanii fi kanneen biro barsiisuuf dhiyaatanii jiraachuu gabatee kanarraa hubatameera. Dandeettiwwan

kunniinis;Dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Barreessu,Dandeetti Seerluga,hiika Jechootaa fi Ogbarruuwwan garagaraa barsiisuuf kan dhiyaatan ta'uu hubatameera.

Haaluma Kanaan gilgaalota 127 keessaa gaheen tokkoon tokkoon gilgaalonni kun qaban adda addadha.Gilgaalota gabatee A keessatti dhiyaatan keessaa dandeetti dhaggeeffachuu barsiisuuf kan dhiyaatan 6(4.7%).Dandeettii dubbachuu shaakalshisuuf kan dhiyaatan 23(18.1%) dandeetti dubbisuu irratti xiyyeeffachuudhaan gilgaalotni 39(30.7) kan dhiyaatan yommuu ta'u kan barreessu shaakalchiisuuf dhiyaatan immoo 12(9.4%) dha.Kana malees gilgaalonni 6(4.7%) immoo hiika jechaa barsiisuu irratti kan xiyyeeffatedha.Gilgaalota dhiyaatan keessaa kan Og barruu barsiisuuf dhiyaata 16(12.6%) Dandeetti seerlugaa irratti xiyyeeffachuudhaan kan dhiyaatan immoo 25(19.7%) qofadha.

Akkuma argannoo kanaa olii irraa hubachuun danda'amutti dandeetti seerlugaa barattoota cimsuuf gilgaalonni dhiyaatan yommuu dandeettiwwan afaanii kanneen biroo waliin walcina qabamee ilaalamu hangii inni kennameef gidugaleessa ta'uusaa hubatameera.Haata'u male qabiyyeewwan garagaraa kitaaba kana keessatti dhiyaatanii jiran kun akka wal hin madaalle gabatee A kanaa olii kanarra hubatameera.Kana jechuun qabiyyee kitaabicha keessa jiran keessa dandeettii dubbisuu barsiisuuf 39(30.7%)dha.Dandeetti Dhaggeeffachuu barsiisuuf kan dhiyaate garuu 6(4.7%)dha.Kanaafuu qabiyyeen warri kaanis bifuma kana fakkaatuun gabatee A irraa hubatameera .Addisuu (2012) Melay (2003) wabeefachuun ibsetti Qabiyyeewwan Dandeettii afaanii dubbachuu,dhaggeeffachuu, dubbisuu fi barreessuu,akkasumas dandeetti seerlugaa fi Og barruu gabbisan kitaabicha keessatti walmadaalanii jiraachuu yaada jedhu sakatta'a barruu aantee keessatti ibsameera..Kanaafuu qabiyyeen kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa}kana keessa jiran kun walmadaaluu dhabuusaa hubatameera.

4.2, Xiinxala Haala Dhiyaannaa Seerlugaa Boqonnaalee Kitaabichaa Hunda Keessatti Hammatamuu fi Hammatamuu Dhiisuu

Akkuma gabatee A. irraa hubachuun danda'amutti kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kun boqonnaa 18 fi barannoo 58 akka qabu hubatameera.Boqonnaalee kana keessaa kan kallattiidhaan seerluga hammatee kan jiruu boqonnaalee: 1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9, 10, 11, yookan qabiyyee kitaabichaa keessaa, (61.11 %) Seerlugni kallattiidhaan akka hammatamee jiru kitaaba barataa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessatti hubatameera.Akkasumas Kitaaba kana keessatti

boqonnaaleen 12, 13, 14, 15, 16, 17,18, yookaan qabiyyee kitaabichaa keessaa (38.88 %) kallattiidhaan seerlugni (caaslugni) kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessatti dhiyaachuu dhabuusaa kan irraa hubatamudha.Haata'u malees boqonnaadhuma keessatti argaman kana keessatti baayinaan argamu malee boqonnaalee kitaabichi qabu hunda keessatti argamuu dhabuusaa gabatee A keessatti hubatameera.Gosoonni seerlugaa kallattiidhaan kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessatti dhiyaatanii jiranis boqonnaa gilgaalaa fi fuula kitaabichaa waliin bifa gabate kanaa gadiitti dhiyaatanii.

Gabatee B

Gosoota Seerlugaa	Boqonnaalee	Barannoo	Gilgaala	Fuula
Birsaga	1	3	8	8
Sirna tuqaalee	1	3	9	9
Hennaa Ammeenna	1	3	10	10
Fufii	2	5	9	25
Jecha Xishoo	2	5	10	26
Latii	2	5	12	29
Gaalee fi Gosoota Gaalee	3	2	4	36
Ciroo	3	2	5	37
Hennaa Darbeennaa	3	2	6	37
Bamaqaa	4	3	5	45
Sirna qubguddeessaa	4	3	6	45
Hennaa Murannaa	4	3	7	46
Hennaa murnaalaa	5	2	4	54
Sirna Tuqaalee	5	2	5	56
Maqaa fi Gosoota Maqaa	6	2	4	63
Sirna Tuqaalee	6	4	6	65
Maqaa Akka Maqibsaatti	7	3	6	65
Maqibsa fi Gochima	8	2	4	86
Walqabsiiftota	9	3	7	98
Caasaa Himaa	9	3	8	99
Gochibsa fi Gosoota isa	9	3	9	100
Sirna Tuqaalee	10	2	5	105
Durduubee	11	2	4	114
Gosoota Himaa	11	2	4	114

Akkuma argannoo gabatee B irraa hubatamuuttii daataan armaan olii kun gosoota seerlugaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessaa kan argamanidha. Akkaatan argama isaanis bifuma kanaa olii kanaan boqonnaa keessatti argaman, akkasumas gilgaalota qabiyyee seerlugaa kan cimsuuf dhiyaatan fuula kitaabichaa waliin gabatee **B** kanarraa hubatameera. Gosoota seerlugaa kitaaba kana keessatti dhiyaatan keessaa boqonnaa gara boqonnaatti irra deddeebiidhaan kan dhiyaatan, Sirna tuqaalee qofa ta'uu gabatee **B** kanarraa hubatameera. Gosa seerlugaa lamaan kana malee irra deddeebiin akka hin jiraanne gabatee kanarra hubatameera. Walumaagalatti qabiyyeen gabatee 2^{ffaa} kun Seerluga kitaaba barnootaa afaan afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessaa akka ragaatti harka dhibba keessaa 61.11 % kitaaba kana keessatti hammatamee jiraachuu qorannoo kanaan bira gahamuusaa hubatameera.

4.3, Xiinxala Haala dhiyaannaa Seerlugaa kitaabicha keessatti ibsaa fi fakkeenya waliin dhiyaachuu.

Haalli dhiyaannaa seerlugaa kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti ibsaa fi fakkeenya waliin kan dhiyaatanii fi kan ibsaa fi fakkeenya waliin hin dhiyaanne kitaaba kana keessa jiraachuu hubatameera. Haata'u malee seerlugni kitaaba kana keessatti Ibsaa fi fakkeenya hin qabnee akka kanaa gadiitti kitaaba kana keessaa akka ragaatti boqonnaa, barannoo akkasumas gilgaalaa fi fuula irratti argaman waliin bifa kanaa gadiin xiinxalameera. Akkuma Harmer(1989) Seerlugaa kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun mataduree qopheesse sana erga ibsee booda fakkeenya kenname irratti hundaa'uun akka shaakalan taasisuudha. Yaaduma kanarratti hundaa'uudhan Kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti Caaslugni ibsaa fi fakkeenyaan deegaramee dhiyaate 80% kan ta'anii fi ibsaa fi fakkeenyaan Osoo hin deeggaramin kan dhiyaatan immoo 20%, ta'uu gabatee **C** kanarraa hubatamuu danda'a.

Gabatee C.

Gosoota Seerlugaa	Boqonnaalee	Gilgaalota	Ibsaa fakkeenyaan kan dhiyaatan fi	Ibsaa Fakkeenyaan kan hin dhiyaanne fi
Birsaga	1	8	√	
Sirna tuqaalee	1	9	√	
Hennaa Ammeenna	1	10	√	
Fufii	2	9	√	
Jecha Xishoo	2	10	√	
Latii	2	12	√	
Gaalee fi Gosoota Gaalee	3	4		√
Ciroo	3	5		√
Hennaa Darbeenna	3	6	√	
Bamaqaa	4	5	√	
Sirna qubguddeessaa	4	6	√	
Hennaa Murannaa	4	7	√	
Hennaa murnaalaa	5	4	√	
Sirna Tuqaalee	5	5	√	
Maqaa fi Gosoota Maqaa	6	4		√
Sirna Tuqaalee	6	6	√	
Maqaa Akka Maqibsaatti	7	6	√	
Maqibsa fi Gochima	8	4	√	
Walqabsiiftota	9	7		√
Caasaa Himaa	9			√
Gochibsa fi Gosoota isa	9	9	√	
Sirna Tuqaalee	10	5	√	
Durduubee	11	4	√	
Gosoota Himaa	11	4	√	
Dhibbeentaan, %			20, (80 %)	5, (20 %)

Akkuma gabatee C kanarraa hubatamuttii seerlugni kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti ibsa gahaa fakkeenya waliin deegaramee fi hin deegarannee qabiyyee kitaabichaa keessaa jiraachuu ragaa gabatee C kanarraa hubatameera. Gilgaalota 25 keessaa kan ibsaa fi fakkeenyaan deeggaramee dhiyaatee gilgaala 20 (80%) ta'uu fi gilgaalonni tasumaa ibsas ta'ee

fakkeenyaan hin dhiyyaanne gilgaala 5 (20%) ta'uu ragaan kitaabicha keessa argamanirraa hubatameera. Akka fakkeenyaatti kanneen ibsas ta'ee fakkeenyaan hin dhiyaanne kun fuulaa, boqonnaa fi barannoo kitaabichaa waliin kanaa gaditti tarreeffamaniiru.

Fuula 36, Boqonnaa 3, Barannoo 2, Gilgaala 4,

A, Himoota armaan gadii keessaa **gaaleewwan** adda baasuun **gosoota** isaanii himi.

- 1, Namni hamaan ofuma miidha.
- 2, Jaalallii dhugaa gatii hin barbaadu.
- 3, Onesmoos Nasiib kitaabota hedduu Afaan Oromootiin barreesse.
- 4, Daadhiin bardheengaddaa eebbifame.
- 6, saafa'een lukkuu diimaa qalte.

Argannoo ragaa kanarraa wanti hubatamuu osoo maalummaa gaalee fi gosoota gaaleerraattii ibsaa fi fakkeenya hin kenniin bifa gaaffiitiin qofa dhiyaatan..

Fuula 37, boqonnaa 3 gilgaala 5,

A Himoota armaan gadii **ciroo of danda'a** si'a lama **ciroo hirkataa** immoo si'a tokko jala sarari.

- 1, Yoo gara manaa deemte, huccuu naaf biti.
- 2, Erga rafanii hattuun sangaa isaanii fudhatte
- 3, Yeroo nu'i dhufnu, ishiin deemte.
- 4, Toltuun erga dhirsi irraa du'ee hin heerumne.
- 5, Daa'imni dhibee sombaatiin qabamnaa, gara kana yaalaa geessuu qabna.

Maalummaa ciroo ilaalchisee ibsa fakkeenyaan deegarame osoo hin kaa'in bifa gaaffiitiin qofa kitaabicha keessatti kan dhiyaate ta'uu hubatameera.

Fuula 63, boqonnaa 6, Barannoo -- gilgaala 4,

Himoota armaan gadii keessatti **maqaalee** adda baasuun jala sararii gosa isaanis himii

- 1 Garbuun baaletti bal'inaan oomishama.
- 2, Hiyyummaan kabaja nama dhorka.
- 3, Ejjetaan hoolaa qalachuuf halbee ware.
- 4, Oromiyaan albuuda hedduu qabdi.
- 5, Uummanni chaayinaa hojiidhaan cimoodha.

7, Finfinneen handhuura Oromiyaati.

8, Firaal'ol muka muree mana ijaare.

Maalummaa Maqaa fi Gosoota Maqaalee ilaalchisee ibsii wanti ka'ee hin jiru akkasumas fakkeenyi maalummaa maqaalee wanti kaawwame tokko osoo hin jiraatiin bifa gaaffiitiin qofa akka dhiyaate kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessa dhiyaatee akka jiru hubatameera.

Fuula 98 boqonnaa 9, Barannoo -- gilgaala 7,

Walqabsiistota kanaa gadiitti kennaman **gosa gosa** isaaniin addan baasuun barreessi

Haata'u malee ,	Akkuma
Kanarraa kan ka'een.	Hoo.
Garuu.	Osoo
Dabalees	Tahullee
Ta'us.	Karaa biraa
Ta'uyyuu.	Ammoo
Akkasumas.	Kanaa achi
Kana malees.	Haa ta'uu
Yookaan ammoo.	Haaluma kanaan
Silaayuu.	Kanaafuu
Waan akka	Malees
Yookaan	

Maalummaa Walqabsiistuu fi gosoota walqabsiistuu ilaalchisee kitaaba barataa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kana keessatti ibsii fi fakkeenyi kennamuu dhabuusaa hubatamera.

Fuula 99 boqonnaa 9, Barannoo --- gilgaala 8

,Himoota Kanaan gadiitti kennaman keessaa **maathima, aantima** fi **gochima** addaan baasuun baarreessi.

- 1, Leenchi hoolaa nyaate .
- 2, Caaltuu. Kophee bitatte .
- 3, Tolaan waraabessa ajjeese.
- 4, Mucaan laaqana nyaate.

- 5, Jarri kubbaa bitatan
- 6, Abbaan koo mana bal'aa ijaare
- 7, ishiin qalama naaf kennite
- 8, Inni kitaaba dubbise
- 9, huccuu miiccaa jirti
- 10, Jarri biqiltuu dhaaban
- 11, Obboleessi koo qarshii naaf liqeesse.

Ragaa kanarraa maalummaa **Maatimaa** maalummaa **Aantimaa** akkasumas maalummaa **Gochimaa** ilaalchisee ibsi kaa'ame akka hin jirree fi fakkeenya kennamuu dhabuusaa hubatameera. Gabaabumatti Maalummaa caasaa Himaa ibsi fi fakkeenya kennamuu dhabuusaa ragaalee kanarraa hubatameera.

Walumaagalatti ragaalee armaan olii kanarraa wanti hubatamuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti ibsaa fi fakkeenya malee bifa gaaffiitiin qofa dhiyaatanii akka jiran ragaalee kanarraa hubatameera. Haata'u malee kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa gadii keessatti dhiyaataniiru yoo ta'e, Kutaa kana keessatti gaaffiiwwan kana hojjechuuf ibsi fakkeenyaan deegaramee dhiyaachuu qaba.

BOQONNAA SHAN

GOLABAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA.

Gaheen qorannoo kanaa inni ijoon kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} haala dhiyaannaa Seerluga kitaabichaa xiinxaluudha. Kayyoon seerluga barachuu barattootaa akka seera afaanicharratti hundaa'ani daree keessattis ta'ee waliigaltee kamiyyuu keessatti haala gaariin walii galanii namoota isaan bira hinjirreefis barreeffamaan odeeffannoo ifaa ta'e kan rakkina hin qabne dabarsuufi akka danda'anidha. Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessatti kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 10^{ffaa} filachuudhan haalli dhiyaannaa seerluga isaa maal akka fakkaatu xiinxalameera. Kanumarratti hundaa'uun goolobni fi argannoon akkasumas yaanni furmaataa boqonnaa kana jalatti bifa armaan gadiitiin dhiyaataniru.

5.1, Goolaba

Kitaabni afaan ittiin barsiifamuuf qophaa'u tokko haalli dhiyeenya isaa kaayyoo qabate tokko hir'ina tokko malee galmaan gahuu qaba yaada jedhurraa ka'uudhaan kitaabni afaan oromoo kutaa 10^{ffaa} haala dhiyeenya seerluga madaaluun hojii ijoo qorannoo kanan hojjetamedha. Bu'uuruma kanaan Kaayyoon qorannoo kanaa fi bu'aan irraa argamu maal akka ta'e boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsameera. Maalummaa bu'aa seerluga Akkasum Argannoo seerlugini itti dhiyyaachuu qaburratti dhugaan jiru maal akka fakkaatu yaada hayyoota adda addaatiin deeggaramee boqonnaa lammaffaa keessatti dhiyaateera. Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo mala (tooftaa)qorannoo kana gaggeessuuf odeeffannoon ittiin funaanametu eerame. Boqonnaa arfaaffaa keessatti xiinxalaa fi hiika ragaaleetu argannoo kitaaba barnootaa afaan oromoo kutaa 10^{ffaa} keessaa argame irratti hundaa'uun xiinxalamee dhiyaateera. Madaalliin kitaabaa kaayyoo qorannoo kanaa waliin deemu irratti hundaa'uudhaan irra caalaan isaa gabateedhan agarsiifamee ibsame.

5.2, Argannoo

Oorannoon kun kan gaggeefamee kitaaba barnootaa Afaan oromoo kutaa 10^{ffaa} haala dhiyyaannaa seerluga maal akka fakkaatu xiinxalameera. Xiinxallii kanaanis Argannoowwan bira gahaman kanneen armaan gadiiti.

Haaluma gabatee A keessatti ibsameen kitaabni barnootaa afaan oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti qabiyyeewwan dandeetti afaanii fi kanneen biroo kitaabicha keessatti dhiyaatan waan Wal hin madaalleef haalli dhiheenya kitaabichaa akka hanqina qabuu qorannoo kanaan bira gahamera.

Haalli dhiyaannaa seerlugaa kitaaba barnootaa afaan oromoo kutaa 10^{ffaa} , Boqonnaa kitaabichi qabu 18 keessa kallattidhaan seerluga (caasluga) barsiisuuf kan dhiyaatan Boqonnaa 11 (61.11%) qofadha.Kun immoo haalli dhiyaannaa seerlugaa Boqonnaa kitaabichi qabu hunda hammachuu dhabuusaa qorannoo kanaan bira gahameera.

Gilgaalonni qabiyyee seerluga cimsuuf kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti dhiyaatan 25 keessaa 20 (80%) ibsaa fi fakkeenyaan deegaramee dhiyaachuu isaa fi gilgaalonni 5 (20%) immoo tasumaa ibsaa fi fakkeenyaan dhiyaachuu dhabuusaa qorannoo kanaan bira gahameera.

Walumaagalatti haalli dhiyaannaa seerlugaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} hanqina akka qabuu argannoo qabiyyee kitaabicha keessaa argamaniin mirkanaa'eera.

5.3, Yaada furmaataa

Kitaabni Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} haalli dhiheenya qabiyyee seerlugaa hanqina akka qabu qorannoo kanaan bira gahameera.kanaafuu qabxiileen armaan gadii akka yaada furmaataatti dhiyaateera.

Kitaabni afaan Oromoo ittiin barsiifamuuf qophaa'u keessatti Dandeettiiwwan afaanii osoo garmalee wal hin caaliin akkaataa qabiyyee isaanii cimsaniin osoo dhiyaatanii gaariidha. Kun immoo barattoonni dandeettiiwwan afaanii hundaan hubannoo madaalawaa akka gonfatan taasisa.

Kitaaba barnootaa afaan Oromoo keessatti gaheen seerlugaaf kennamuu itti yaadamee qaama kitaabicharraa fayyadamu hawwachuu akka danda'utti osoo qophaa'ee..

Kitaaba barnootaa afaan Oromoo keessatti dandeettii seerlugaa gabbisuuf gilgaalota kennaman irratti xiyyeeffannoon qabsiisaa fi fakkeenyi gahaan osoo kennamee gaariidha.

Walumaa galatti qaama dhimmii qophiin kitaaba barnootaa Afaan Oromoo isaan ilaallatu, kitaabni Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} kan yeroo ammaa hojiirra jiru kun haala dhiyeenya seerlugaarratti hanqina akka qabuu hubatanii irra deebi'anii ilaaluudhaan haala itti fooyya'uu qabuun osoo fooyyessanii gaariidha.

Wabilee

- Addisuu Yilhaal.(2012).**Teachers' attitudes and practices on adapting and supplementing a textbook (PEP: Addis Ababa and Debrezeit centres in focus)**.Addis Ababa University.Unpublished.
- Addunyaa Barkeessaa (2011) **Natoo: Yaadrimee Caaslugaa Afaan Oromoo**.Finfinnee Oromiyaa.
- Beekamaa Likkaasaa (2004).**Seer Lugaa Afaanii Oromoo**.Dhaabbata Maxxansaa, Artistik. Ffinnee
- Brumfit C. fi Carter R. (1986) **Literture in language Teaching**.London Oxford University presse
- Filee Jaallataa (2015) **seerluga Afaan Oromoo: Naqamtee, Mana Maxxansaa Raajii**.
- Freman,(2000),**Techniques and principles in language Teaching :UK**,University press.
- Harmer J (1989) **Teaching and Learning Grammear**. New York; Cambridge University press
- Hinsene makuriya (2015) **Elellee: English, Afaan Oromoo, Amaariffa**
- House C.and Harman Susan E.(1995).**Descriptive English Grammar**.(2nd ed).University of Maryland.painted in the USA.
- Mitikkuu Dibbeessaa fi Tashooma Ejere. (1992).**Seerluga Afaan Oromoo: Finffinnee Dhaabbata Mala Quunnamtii Giddugaleessaa Ministers Barnootaa**.
- Mirreessaa Amanuu (2014), **Qalbi**: Seerluga Oromoo.Finfinnee Oromiyaa.dhaabbata Mana maxxansaa Elleni.
- Wasanee Basha'aa (2000).**Seerluga Afaan Oromoo: Finffinnee, Dhaabbata Maxxansa Aartistii**.
- Wudu Melase fi tafera Tadasa (2006).**Curriculum studies**. Jimmaa University. Unpublished.

Dabalee. A.

Boqonnaa	Baayina, barannoowwani	Baayinagilgaaala	Dandeettiiwwan afaanii gurguddoo				Seerluga barsiisuuf	Ogbarruuf barsiisuuf	Hiika jechoota barsiisuuf
			Dhaggeeffachuu	Dubbaachuu	barreessuu	Dubbiisu.			
1	4	11	2	2	1	2	3		1
2	5	12	2	3		2	4		1
3	3	7		1		2	3	1	
4	4	8		1	1	2	3	1	
5	3	6		1	1	2	2		
6	4	7		1		2	2	2	
7	3	6		1	2	2	1		
8	3	7		1	2	2	1	1	
9	3	9	2	2		2	3		
10	3	7		1	1	2	1	1	1
11	3	6		1		2	2	1	
12	4	6		2	1	2			1
13	4	6		1	1	2		1	1
14	4	11		2	1	5		3	
15	2	6		1		2		3	
16	3	5		1		2		2	
17	2	4			1	2			1
18	1	3		1		2			
Ida'ama	58	127	6	23	12	39	25	16	6
Dhibbentaan	100%	100%	4.7%	18.1%	9.4%	30.7%	19.7%	12.6%	4.7%

Dabale B

Gosoota Seerlugaa	Boqonnaalee	Barannoo	Gilgaala	Fuula
Birsaga	1	3	8	8
Sirna tuqaalee	1	3	9	9
Hennaa Ammeenna	1	3	10	10
Fufii	2	5	9	25
Jecha Xishoo	2	5	10	26
Latii	2	5	12	29
Gaalee fi Gosoota Gaalee	3	2	4	36
Ciroo	3	2	5	37
Hennaa Darbeenna	3	2	6	37
Bamaqaa	4	3	5	45
Sirna qubguddeessaa	4	3	6	45
Hennaa Murannaa	4	3	7	46
Hennaa murnaalaa	5	2	4	54
Sirna Tuqaalee	5	2	5	56
Maqaa fi Gosoota Maqaa	6	2	4	63
Sirna Tuqaalee	6	4	6	65
Maqaa Akka Maqibsaatti	7	3	6	65
Maqibsa fi Gochima	8	2	4	86
Walqabsiiftota	9	3	7	98
Caasaa Himaa	9	3	8	99
Gochibsa fi Gosoota isa	9	3	9	100
Sirna Tuqaalee	10	2	5	105
Durduubee	11	2	4	114
Gosoota Himaa	11	2	4	114

Dabale C

Gosoota Seerlugaa	Boqonnaalee	Gilgaalota	Ibsaa fi fakkeenyaan kan dhiyaatan	Ibsaa fi Fakkeenyaan kan dhiyaanne
Birsaga	1	8	√	
Sirna tuqaalee	1	9	√	
Hennaa Ammeenna	1	10	√	
Fufii	2	9	√	
Jecha Xishoo	2	10	√	
Latii	2	12	√	
Gaalee fi Gosoota Gaalee	3	4		√
Ciroo	3	5		√
Hennaa Darbeenna	3	6	√	
Bamaqaa	4	5	√	
Sirna qubguddeessaa	4	6	√	
Hennaa Murannaa	4	7	√	
Hennaa murnaalaa	5	4	√	
Sirna Tuqaalee	5	5	√	
Maqaa fi Gosoota Maqaa	6	4		√
Sirna Tuqaalee	6	6	√	
Maqaa Akka Maqibsaatti	7	6	√	
Maqibsa fi Gochima	8	4	√	
Walqabsiiftota	9	7		√
Caasaa Himaa	9			√
Gochibsa fi Gosoota isa	9	9	√	
Sirna Tuqaalee	10	5	√	
Durduubee	11	4	√	
Gosoota Himaa	11	4	√	
Dhibbeentaan, %			20, (80 %)	5, (20 %)

Waraqaa mirkaneeffanna

Ani qorattuun maqaafi mallattoon armaan gaditti eeraame kun waraqaa qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, mallattoo kootiin ni mirkaneessa. Gorsaa qorannoo kanaa kan ta'an hojiin qorannoo kun kan qorattuu kanaa qofa akka ta'e mirkaneessuuf mallattoo isaanii armaan gaditti mallattessuun mirkanessaniiru.

Maqaa qorattuu : _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Maqaa Gorsaa: _____

Mallattoo _____

Bakka: Yuunivarsiitii Finfinnee

Guyyaa _____